WAAJJIRA AFYAA'IIFI CAFFEE
OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E

Waggaa 17ffaa ...... Lak. 6/2001
፲፯ኛ ዓመት ............. ቁጥር ፮/፪ሺ፩
17th year ......... № 6/2009

Finfinnee, Guraandhala 26 Bara 2001
ፊንፊኔ፣ የካቲት ፳፮ ቀን ፪ሺ፩ ዓ.ም
Finfine, March 5, 2009

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለተ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko ........................
ያንዱ ዋጋ ..........................
Unit Price ............................

To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ

Lak. S. Poostaa ........ 21383-1000
የፖ.ሣ.ቁጥር ...........
P.O.Box .................

QABIYYEE

Labsii Lak. 148/ 2001
Labsii Sirna Gabaa Gogaafi Kallee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe .....Fuula 1

ማውጫ

አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፰/፪ሺ፩
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የቆዳና ሌጦ የገበያ ስርዓት ለመወሰን የወጣ አዋጅ .......... ገጽ ፩

CONTENT

Proclamation No. 148/2009
A Proclamation Issued To Determine the Oromia National Regional State Leather and Hides Market System ........................................ Page 1

## Labsii Lak. 148/2001

### Labsii Sirna Gabaa Gogaafi Kallee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe

Bittaafi gurgurtaan gogaafi kallee sadarkaafi qulqullina irratti akka hundaa'u taasisuufi haala gogaafi kallee walitti qabuu, qopheessuu, kuusuufi geejjibuu fooyessuudhaan bu'aa gogaafi kallee irraa argamu guddisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun "Labsii Sirna Gabaa Gogaafi Kallee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lak. 148/2001," jedhamee waamamu ni danda'a.

## አዋጅ ፩፻፵፰/፪ሺ፩

### የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የቆዳና ሌጦ የገበያ ስርዓት ለመወሰን የወጣ አዋጅ

የቆዳና ሌጦ ግዥና ሽያጭ በደረጃውና በጥራት ላይ እንዲመሰረት ለማድረግና የቆዳና ሌጦ አሰባሰብ ሁኔታ፣ አዘገጃጀት፣ ማከማቻቸውንና መጓጓዣውን በማሻሻል ከቆዳና ሌጦ የሚገኘውን ትርፍ ማሳደግ አስፈላጊ ሆኖ ስለተገኘ፤

በተሻሻለው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ሕገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀጽ ፵፱ (፫) (ሀ) መሠረት የሚከተለው ተደንግጓል::

፩. **አጭር ርዕስ**

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት የቆዳን ሌጦ የገበያ ስርዓት ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፵፰/፪ሺ፩" ተብሎ ሊጠራ ይችላል::

## Proclamation No. 148/2009

### A Proclamation Issued To Determine the Oromia National Regional State Leather and Hides Market System

**WHEREAS**, it is needed to establish the leather and hides market system based on it's level and standards; and to improve the leather and hides collection, processing, storage and transportation for the sec of increasing the benefit which is acquired from the sector;

**NOW, THEREFORE**, in accordance Article 49(3)(a) of the the Revised Constitution Oromia National Regional State No. 46/2001, it is herby proclaimed as follows.

1. **Short Title**

This proclamation can be cited as "A Proclamation Issued to Determine the Oromia National Regional State Leather and Hides Market System No. 148/2009."

**2. Hiikaa**

Akkaataan jechichaa hiikaa biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Labsii kana keessatti:

1) "Mootummaa," jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
2) "Sirna Gabaa Gogaafi Kallee," jechuun gogaafi kallee qophaa'e ykn jiidhaa qalma irra argame bituun walitti qabuu, qopheessuu, geejjibuufi gurguruu jechuudha.
3) "Gogaa," jechuun gogaa beeyladaa dheedhii kan akka qotiyyoo, sa'a, mirgoo, raadaafi gaala irraa kan argamu ta'ee Abbaan Taayitaa Sadarkaafi Qulqullina Itoophiyaa gogaa jedhee kan moggaase ta'ee gogaa ho'aa ykn kan qilleensaan goge ykn soogiddaan qophaa'ee warshaatti dhiisifamee hin bullaa'in jechuudha.
4) "Kallee," jechuun kallee beeyladaa kan akka hoolaa, re'ee, jabbii, naachaafi qurxummii irraa argamu ta'ee Abbaan Taayitaa Sadarkaafi Qulqullina Itoophiyaa kallee jedhee kan moggaase ta'ee kallee ho'aa ykn qilleensaan goge ykn soogiddaan kan qophaa'eefi warshaatti dhiisifamee hin bullaa'in jechuudha.
5) "Gogaafi Kallee Ho'aa," jechuun gogaafi kallee haaraa qalamee hin turin kan qilleensaan ykn soogiddaan hin qophaa'in jechuudha.
6) "Mana Kuusaa," jechuun bakka gogaafi kalleen itti qophaa'u, kuusamu, akkasumas qulqullina gogaafi kallee eeguudhaaf kan faayidaarra oolan kan akka soogiddaafi meeshaaleen adda addaa kan keessatti argaman mana kuusaa bakka kosiin itti kuusamuufi gubatu qabu jechuudha.
7) "Fireemii Safartuu Bal'inaa," jechuun meeshaa safartuu bal'ina kallee hoolaafi re'ee beekuudhaaf itti fayyadamnu jechuudha.
8) "Hayyama Waraqaa Ragaa Gahumsaa Qophii Mirkaneessu," jechuun dandeettii ykn gahumsa gogaafi kallee walitti qabuu, qopheessuufi geejjibuu mirkaneessuuf waraqaa ragaa kennamu jechuudha.

**፪. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጓሜ የሚያሰጥ ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፤

፩) "መንግስት" ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ነው።
፪) "የቆዳን ሌጦ የገበያ ስርዓት" ማለት የተዘጋጀ ቆዳን ሌጦ ወይም እርጥብ ከእርድ የተገኘ በመግዛት መሰብሰብ፣ ማዘጋጀት፣ ማጓጓዝና መሸጥ ማለት ነው።
፫) "ቆዳ" ማለት ጥሬ የእንስሳት ቆዳ ከበሬ፣ ከላም፣ ከወይፈን፣ ከጊደርና ከግመል የሚገኝ ሆኖ የኢትዮጵያ ጥራትን ደረጃ ባለስልጣን ቆዳ ብሎ የሰየመው ሆኖ ትኩስ ቆዳ ወይም በንፋስ የደረቀ ወይም በጨው ተዘጋጅቶ ለፋብሪካ ቀርቦ ተወጥሮ ያልተብላላ ማለት ነው።
፬) "ሌጦ" ማለት የእንስሳት ሌጦ ከበግ፣ ከፍየል፣ ከጥጃ፣ ከአዞ እና ከዓሣ የሚገኝ ሆኖ የኢትዮጵያ ጥራትና ደረጃ ባለስልጣን ሌጦ ብሎ የሰየመው ሆኖ ትኩስ ሌጦ ወይም በንፋስ የደረቀ ወይም በጨው ተዘጋጅቶ ለፋብሪካ ቀርቦ ተወጥሮ ያልተብላላ ማለት ነው።
፭) "ትኩስ ቆዳን ሌጦ" ማለት ታርዶ ያልቆየ ቆዳና ሌጦ በንፋስ ወይም በጨው ያልተዘጋጀ ማለት ነው።
፮) "መጋዘን" ማለት ቆዳና ሌጦ የሚዘጋጅበት፣ የሚከማችበት እንዲሁም የቆዳን ሌጦ ጥራት ለመጠበቅ ጥቅም ላይ የሚውሉ እንደ ጨው እና የተለያዩ ዕቃዎች የሚገኙበት፣ የቆሻሻ የሚጠራቀምበት መጋዘንና ማቃጠያ ያለበት ማለት ነው።
፯) "የስፋት መለኪያ ፍሬም" ማለት የበግና ፍየል ሌጦ ስፋት ለማወቅ የምንጠቀምበት መለኪያ ማለት ነው።
፰) "የዝግጅት ብቃት ማረጋገጫ ፈቃድ የምስክር ወረቀት" ማለት የቆዳና ሌጦ የመሰብሰብ፣ የማዘጋጀትና የማጓጓዝ አቅም ወይም ብቃት ለማረጋገጥ የሚሰጥ የምስክር ወረቀት ማለት ነው።

**2. Definition**

Unless the context requires otherwise in this Proclamation has follows:

1) "State," means the Oromia National Regional State.
2) "Leather and Hides Market System," means collecting, processing transporting and selling of processed hides and leather or raw leather acquired from slaughter.
3) "Leather," means raw leather acquired from ox, cow, bull, calf and camel; however it should be named by the Ethiopian Quality and Standard Authority as leather; it may be fresh leather or dried by wind or treated by salt; and not processed by a factory.
4) "Hides," means raw leather acquired from sheep, goat, calf, crocodile and fish how ever it should be named by the Ethiopian Quality and Standard Authority as hides; it may be fresh hides or dried by wind or treated by salt; and not processed by a factory.
5) "Fresh Leather and Hides," means leather and hides which is recently slaughtered; which is not dried by wind or not treated by salt.
6) "Store," means a place where leather and hides is prepared, stored and materials like salt ant others which can be applied to keep the standard of leather and hides are stored; dirty collection store, incinerator and materials which should be avoided are stored.
7) "Area Measurement Frame," means a unit we use to no the area of the sheep and goat hides.
8) "Certificate of Standard," means a certificate issued to certify the capacity of collection, processing and transporting of leather and hides.

9) "Hirmaattota Gabaa," jechuun daldaltoota gogaafi kallee walitti qaban, dhiyeessan, qeeraafi warshaa gogaafi kallee kan dabalatu jechuudha.

10) "Geejjibuu," jechuun gogaafi kallee iddoo tokkoo iddoo biraatti gosa geejjibaa kemiiniyyuu fe'uudhaan deddeebisuu jechuudha.

11) "Ejensii," jechuun Ejensii Misooma, Eegumsa Fayyaafi Gabaa Beeyladaa Oromiyaafi caasaa isaa jechuudha.

12) "Galmee," jechuun ragaa qaamni gabaa gogaafi kallee keessatti hirmaatu odeeffannoo itti galmeessu jechuudha.

13) "Hayyama Geejjibuu," jechuun gogaafi kallee mana kuusaa irra konkolaataadhaan ykn geejjiba kan birootiin fe'anii gara mana kuusaa ykn gabaa giddu galeessaatti geejjibuuf hayyama dandeessisu jechuudha.

14) "Nama," jechuun nama uumamaa yookaan qaama seeraan qaamni seerummaa kennameef jechuudha.

**3. Daangaa Raawwatiinsaa**

Labsiin kun nama gabaa gogaafi kallee gosaa kamiyyuu irratti hirmaatu hundarratti raawwatiinsa ni qabaata.

**4. Waraqaa Ragaa Ga'umsa Qophii Mirkaneessu**

1) Namni sirna gabaa gogaafi kallee irratti hirmaatu kamiyyuu duraan dursee waraqaa ragaa gahumsa qophii gogaafi kallee mirkaneessu qabaachuu qaba.

2) Waraqaa ragaa gahumsa qophii mirkaneessu argachuufi haaromsuuf ulaagaleen guutamuu qaban Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**5. Gogaafi Kallee Qopheessuufi Geejjibuu**

1) Namni gogaafi kallee qopheessu kamiyyuu meeshaalee gogaafi kallee qopheessuuf tajaajilan mana kuusaa keessatti guutee qabaachuu qaba.

2) Gogaafi kallee iddoo kuusaatii gara biraatti geejjibuun kan danda'amu nama to'achuuf ramadameen pilooppiin ukkaamsamee waraqaan geggeessituu yoo kenname qofadha.

፱) "የገበያ ተሳታፊዎች" ማለት ቆዳና ሌጦ የሚሰበስቡ፣ የሚያቀርቡ፣ ነጋዴዎች፣ ቄራና የቆዳና ሌጦ ፋብሪካ የሚያጠቃልል ማለት ነው።

፲) "ማጓጓዝ" ማለት ቆዳን ሌጦ ከአንድ ቦታ ወደ ሌላ ቦታ በማንኛውም የማጓጓዣ ዓይነት በመጫን ማመላለስ ማለት ነው።

፲፩) "ኤጀንሲ" ማለት የኦሮሚያ የእንስሳት ሀብት ልማት ጤና አጠባበቅና ገበያ ኤጀንሲን መዋቅር ማለት ነው።

፲፪) "መዝገብ" ማለት የቆዳና ሌጦ ገበያ ውስጥ የሚሳተፍ አካል መረጃ የሚመዘግብበት ማስረጃ ማለት ነው።

፲፫) "የማጓጓዝ ፍቃድ" ማለት ከመጋዘን ቆዳና ሌጦን በመኪና ወይም በሌላ ማጓጓዣ ጭነው ወደ መጋዘን ወይም ወደ ማዕከላዊ ገበያ ለማጓጓዝ የሚያስችል ፈቃድ ማለት ነው።

፲፬) "ሰው" ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም የሕግ ሰውነት የተሰጠው ማለት ነው።

**፫. የተፈፃሚነት ገደብ**

ይህ አዋጅ በቆዳና ሌጦ ገበያ ላይ በሚሳተፍ በማንኛውም ሰው ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል።

**፬. የዝግጅት ብቃት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት**

፩) በቆዳና ሌጦ ገበያ ሥርዓት ላይ የሚሳተፍ ማንኛውም ሰው አስቀድሞ የቆዳና ሌጦ ዝግጅት ብቃት ማረጋገጫ ማስረጃ ሊኖረው ይገባል።

፪) የዝግጅት ብቃት ማረጋገጫ ማስረጃ ለማግኘትና ለማሳደስ መሟላት ያለባቸው መስፈርቶች በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

**፭. የቆዳን ሌጦ ማዘጋጀትና ማጓጓዝ**

፩) ማንኛውም ቆዳና ሌጦ የሚያጓጓዝ ሰው የጭነት የሸኚ ደብዳቤ ማስረጃ መያዝና ሲጠየቅም ማሳየት አለበት።

፪) ቆዳን ሌጦን ከማከማቻ ቦታ ወደ ሌላ ማጓጓዝ የሚቻለው ለቁጥጥር በተመደበው ሰው በፕሎፕ ታሽጎ የሸኚ ወረቀት ከተሰጠው ብቻ ነው።

9) "Market Participators," means those business men involved in the collection, supply of leather and hides, abattoir and leather and hides factory.

10) "Transportation," means transporting leather and hides from place to place.

11) "Agency," means the Oromia Animals Health and Market Development Agency and it's structure.

12) "Registry," means a book/record on which the information of the person or organization involving in leather and hides market is recorded.

13) "Power to Transport," means a license to transport leather and hides either by a vehicle or other means from the store or to the central market.

14) "Person," means a natural body or any body which has legal entity.

15) "Plop," means a material used to package while leather and hides are tied by wires and loaded on a vehicle.

**3. Scope of Application**

This Proclamation is binding any person participating in leather and hides market.

**4. A Certificate that Confirms the Required Standard of Preparation**

1) Any person who is participating in leather and hides market system, should get the required standard certificate of preparation in advance.

2) All the requirements needed to get this certificate and its renewal shall bedetermined by the regulation that will be issued.

**5. Preparation and Transportation of Leather and Hides**

1) Any person who is engaged in preparation of leather and hides should full fill all the materials needed for the preparation of these leather and hides.

2) It is possible transport leather and hides from the store to another place if the person assigned for the controlling purpose is given a permission order which is packed with plop.

3) Namni gogaafi kallee geejjibu kamiyyuu waraqaa ragaa geggeessituu fe'iinsaa qabaachuufi yoo gaafatames agarsiisuu qaba.

**6. Sirna Gabaa Gogaafi Kallee**

Sirni gabaa gogaafi kallee kamiyyuu gogaa yoo ta'e ulfaatina, kallee yoo ta'e bal'inaafi kan biroo sadarkaafi qulqullina Abbaan Taayitaa Sadarkaafi Qulqullina Itoophiyaa baasu irratti kan hundaa'u ta'a.

**7. Gochaawwan Dhorkaman**

1) Namni kamiyyuu hayyama waraqaa ragaa gahumsaa qophii gogaafi kallee osoo hin qabaatin gogaafi kallee walitti qabuu, kuusuu, bituu, gurguruufi geejjibuu hin danda'u.
2) Gogaafi kallee aduudhaan, lafa irratti yookaan gidgiddaa irratti chikaalaan, mana keessatti aaraan, yookaan kan goggoge jiisuun sogiddaan, yookaan haala qulqullina hin eegganneefi badiif saaxiluun qopheessuun dhorkaadha.
3) Waantota qulqullina gogaafi kallee hir'isuu danda'an gogaafi kallee waliin fe'uun dhorkaadha.

**8. Odeeffannoo Sirna Gabaa Qopheessuufi Qabuu**

Namni gabaa gogaafi kallee irratti hirmaatu kamiyyuu guyyaa guyyaan baay'ina, gatii tokkoofi gatii waliigalaa gogaafi kallee bitame, gurgurameefi maqaa nama bite, akkasumas sadarkaa qulqullina isaa galmeessee qabaachuufi yoo gaafatame agarsiisuu qaba.

**9. To'annoofi Tarkaanfiiwwan Bulchiinsaa**

1) To'ataan Ejensiin ramadame tokko waraqaa eenyummaa isaa agarsiisuun seeronni gogaafi kallee ilaalchisanii bahan hojiirra ooluu isaanii ni to'ata.
2) Hirmaataan sirna gabaa gogaafi kallee kamiyyuu seerota gogaafi kallee ilaalchisanii bahan kan hin kabajne yoo ta'e waraqaan ragaa gahumsa qophii gogaafi kallee isaa ni dhorkama, ykn ni haqama.

፫) ማንኛውም ቆዳና ሌጦ የሚያጓጉዝ ሰው የጭነት የሸኚ ደብዳቤ ማስረጃ መያዝና ሲጠየቅም ማሳየት አለበት።

**፮. የቆዳን ሌጦ የገበያ ሥርዓት**

ማንኛውም የቆዳና ሌጦ ገበያ ስርዓት ደረቅ ከሆነ ክብደቱ፣ ሌጦ ከሆነ ስፋትና ሌላ የኢትዮጵያ ጥራትና ደረጃ ባለስልጣን ባወጣው ደረጃና ጥራት ላይ መመስረት አለበት።

**፯. የተከለከሉ ድርጊቶች**

፩) ማንኛውም ሰው የቆዳና ሌጦ ዝግጅት ብቃት የፈቃድ ማስረጃ ወረቀት ሳይኖረው ቆዳና ሌጦን መሰብሰብ፣ ማከማቸት፣ መግዛት፣ መሸጥና ማጓጓዝ አይችልም።
፪) ቆዳና ሌጦ በፀሐይ፣ በመሬት ላይ ወይም በቤት ግድግዳ ላይ በችካል፣ በቤት ውስጥ በጭስ ወይም የደረቀውን በማርጠብ በጨው ወይም ጥራት በሌለው እና ለብልሽት በሚዳርግ ሁኔታ ማዘጋጀት ክልክል ነው።
፫) ቆዳና ሌጦን ጥራቱን መቀነስ ከሚችሉ ነገሮች ጋር መጫን ክልክል ነው።

**፰. የገበያ ሥርዓት መረጃ ማዘጋጀት መያዝ**

በቆዳና ሌጦ ገበያ ላይ የተሰማራ ማንኛውም ሰው በየቀኑ የተገዛውንና የተሸጠውን ቆዳና ሌጦ ብዛት የአንዱን ዋጋና ጠቅላላ ዋጋ፣ የገዢውን ስም እንዲሁም የጥራት ደረጃውን መዝግቦ መያዝና ሲጠየቅም ማሳየት አለበት።

**፱. ቁጥጥርና የአስተዳደር እርምጃዎች**

፩) አንድ የተመደበ የኤጀንሲው ተቆጣጣሪ የመታወቂያ ወረቀቱን በማሳየት ቆዳና ሌጦን አስመልክተው የወጡት ሕጎች ተግባራዊ መሆናቸውን ይቆጣጠራል።
፪) ማንኛውም የቆዳና ሌጦ ገበያ ስርዓት ተሳታፊ ቆዳንና ሌጦን አስመልክተው የወጡትን ሕጎች የማያከብር ከሆነ የቆዳና ሌጦ የዝግጅት ብቃት የምስክር ወረቀቱ ይታገዳል ወይም ይሰረዛል።

3) Any person who is transporting leather and hides should have this permission order letter and he/she submit it when it is requested by the concerned body.

**6. Leather and Hides Market System**

Any leather and hides market system, if it is leather it shall be based on its weight, and if it is hides on its area and other standard and quality that the Ethiopian Quality and standard authority.

**7. Prohibited Actions**

1) Any person shall not collect, store, sell, buy, and transport leather and hides with out quality permission certificate.
2) It is not allowed to stretch leather and hides on the sun, ground or on walls with stakes; prepare inside a house with smoke or moistening the dried one with salt or in a manner that would reduce its quality and damage.
3) It is not allowed to load leather and hides with materials that could reduce its quality.

**8. Preparing the Market System Information and Handling of the Same**

Any person who is participating in leather and hides business shall record the daily sales/purchase of the total ar unit price; the names of the buyer/seller, and also the standard of its quality; present such information when he/she is requested.

**9. Supervision and Administerative Measures**

1) An assigned supervisor from the agency has to show his/her ID; and he/she ensures the implementation of the regulations issued about leather and hides.
2) Any person/body not abiding the regulations issued regarding leather and hides, his/her certificate of qualification to execute leather and hides business would be disallowed or terminated.

3) Koreen to'annaa gogaafi kallee gogaafi kalleen seeraan ala yoo kuufame, yookiin yoo geejjibamee argame, yookiin bittaafi gurgurtaan yoo gaggeeffamee argame tarkaanfiin seeraa akka irratti fudhatamu ni taasisa.
4) Gogaafi kalleen nama hayyama gahumsa qophii gogaafi kallee qopheessuu hin qabneen qophaa'e, kuufame, yookiin osoo geejjibamu argame akka gochaa seeraan alatti lakkaa'amee tarkaanfiin seeraa kan irratti fudhatamu ta'a.
5) Gogaafi kalleen nama heyyama hin qabneen kuusame yookiin osoo geejjibamu namni argee eeree qabsiise komishiiniin ni kafalamaaf. Haalli kaffaltii komishiinii Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
6) Misoomaafi sirna gabaa gogaafi kallee saffisiisuuf koreen sadarkaa bulchiinsa adda addaatti ni hundeeffama.
7) Aangoon, hojiifi sirni hojimaata koree dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**10. Aangoo Dambii Baasuu**

Labsii kana raawwachiisuuf Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Dambii baasuu ni danda'a.

**11. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Seeronniifi barmaatileen hojii Labsii kanaan wal faallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**12. Yeroo Labsiin Kun Itti Ragga'u**

Labsii kun guyyaa Guraandhala 26 Bara 2001 irraa eegalee kan ragga'e ta'a.

**Finfinnee, Guraandhala 26 Bara 2001**

**Abbaaduulaa Gammadaa**
**Pireezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

፫) የቆዳና ሌጦ ቁጥጥር ኮሚቴ ቆዳና ሌጦ አለአግባብ ከተከማቸ ወይም ተጓጉዞ ከተገኘ ወይም ግዥና ሽያጭ ተፈፅሞ ቢገኝ ሕጋዊ እርምጃ እንዲወሰድበት ያደርጋል።
፬) ቆዳና ሌጦ፣ የቆዳና ሌጦ ዝግጅት የብቃት ፈቃድ በሌለው ሰው ተዘጋጅቶ፣ ተከማችቶ ወይም ሲጓጓዝ ከተገኘ እንደ ሕገ ወጥ ድርጊት ተቆጥሮ ሕጋዊ እርምጃ የሚወሰድበት ይሆናል።
፭) ቆዳና ሌጦ ፈቃድ በሌለው ሰው ተከማችቶ ወይም ሲጓጓዝ አይቶ ጠቁሞ ያስያዘ ሰው ኮሚሽን ይከፈለዋል፤ በአከፋፈሉ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
፮) የቆዳና ሌጦ ገበያ ልማት ሥርዓት ለማፋጠን በተለያየ የአስተዳደር ደረጃ ኮሚቴ ይቋቋማል።
፯) የኮሚቴው ስልጣንና አሰራር ስርዓት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

**፲. ደንብ የማውጣት ስልጣን**

ይህንን አዋጅ ለማስፈፀም የክልሉ መንግሥት ም/ቤት ደንብ ማውጣት ይችላል።

**፲፩. ተፈፃሚነት የሌላቸው ሕጎች**

ማንኛውም የዚህ አዋጅ ተቃራኒ የሆኑት ሕጎችና ልማዳዊ አሰራሮች በዚህ አዋጅ በተካተቱ ጉዳዮች ላይ ተፈፃሚነት አይኖራቸውም።

**፲፪. ይህ አዋጅ የሚፀናበት ጊዜ**

ይህ አዋጅ ከየካቲት ፳፮ ቀን ፪ሺ፩ ዓ/ም ጀምሮ የፀና ይሆናል።

**አዲስ አበባ፣ የካቲት 26 ቀን 2001 ዓ/ም**

**አባዱላ ገመዳ**
**የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት**

3) The leather and hides supervision committee would take the proper measures against any improper collection, transportation or purchase and sales of leather and hides.
4) If leather and hides is found prepared, stored or transported by a person who doesn't have a license to do so, a legal measure would be taken against it.
5) Committees would be established at different levels of administration to facilitate the leather and hides market development.
6) The powers and the duties of such committees would be determined by the regulation that will be prescribed regarding this.

**10. Power to Issue Regulations**

The National Regional State Administerative Council can issue a regulation for the implementation of this Proclamation.

**11. Inapplicable Laws**

Any law and custom which is inconsistent with this Proclamation shall not be applicable.

**12. Effective Date**

This Proclamation shall come into force as of the 5th of March 2009.

**Finfinne, March 5, 2009**

**Abadula Gemeda**
**The President of the Oromia National Regional State**